Qo'annoo Macaafa Qulqulluu kutaa 16 ffaa

SEERA KEESSADEEBII

Mata-duree: Ayyaanan gurguddoo

BOQONNAA 16 Dubbifad

GAAFFIILEE MAREE

1. Sabni israa'el ji'a Abiibitti maal akka godhan itti himame ?
   A/ Ayyaana Faasikaa Waaqayyo gooftaaf akka Ayyanessan !
   B/ Iddo Waaqayyo fo'atuti aarsaa faasikaa Waaqayyoof akka dhihessan !
   C/ Budeena bukaa'aa akka hin nyaane itti himame .
   D/ Hunduma .
2. Sabni kun Guyyaa itti biyya Gibxiitii baa'an akka yaadatanif maal godhaa jedhaman? A/ guyyoota torbaaf raaciitin guutumma biyyaa keessatti akka hin argamne ! B /foon guyyaa dura galgala aarsaa dhiheessan amma ganammati akka hin ture ! C/ guyyoota ja'a maxino akka nyaatan D/ hunduu deebidha .
3. Israa'elonni Waggaa waggaadhaan ayyaana kabajuuf si'a meeqa gara bakka Waaqayyo isaanii filate deemu turan A/ 2 B/5 C/3
4. Kutaa kana kessatti guyyaa torbaffatti maal godhi jedhamte
   A/ Waaqayyoo gooftaakeetiif walga'ii ulfina-qabeessi haa godhamu !
   B/ Guyyaa sanati hojii hin hojettin ! C/ A Fi B sirridha
5. Warri Abboota firdii akkamiti akka faraddan Gorsaman A/ Firdii hin jalisiin! B/ hin login C/ Gabbarsuu hin fudhatin D/ hunduma E/ deebi hin qabu
6. Ati akka jiraattuf,biyya Waaqayyoo gooftaankee siif kennus akka dhaaltuuf Firdii isa dhugaa duukaa bu'i ! Kan jedhu kutaa kana kessa jira . A dhugaa B soba
7. Goofaan Yesus ayyanan kana keessa gaafa ayyaana isa kamii ajjeefame, A/ Ayyaana gordommaa, B, Ayyaana faasikaa, C, Ayyaana guyyaa shantamaffaa.
8. Manni qulqullummaa kutaa meeqa qaba ture? A/1 B/2 C//3

Gaaffii dabalataa:

9. Ayyaanni faasikaa maal isaan yaadachiisa ture? A/ Guyyaa gaafa jarri biyya Gibxii ba'an, B/ Guyyaa jarri galaana diimaa ce'an,C/ Ergamaan du'aa isaan irra darbuuf dhiigni michichila balbala isaaniitti dibamuu
10. Ayyaanni Maxinoo maal isaan yaadachiisa ture? A/Biyya Gibxii ariifatanii ba'uu isaanii, B/ Seerri isaanii kennamuu isaa
11. Ayyaanni gordommaa maal isaan yaadachiisa ture? A/ Lafa onaa keessa yeroo deemaa turean akka waaqayyo isaanii wajjin jiraachaa ture B/ Biyya garbummaa keessa garba ta'anii jiraachaa akka turan

Leewota 23:4-8 Leewota 23:6 Leewota 23:34 iaaluu dandeessa